# QAACCEESSA YOOMESSAAFI WALDHABBII ASOOSAMA HIREE JAL’ ATTE

LEENSEE TASFAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI FOOKILOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIZIMIIF QUNNAMTII

YUUNVERSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014

FINFINNEE

# QAACCEESSA YOOMESSAAFI WALDHABBII ASOOSAMA HIREE JAL'ATTE

LEENSEE TEASFAA

GORSA: LATAA FAYISAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI FOOKILOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIZIMIIF QUNNAMTII

YUUNVERSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014

FINFINNEE

**GALATA**

Duraan dursee barnoota koo eegalee akkan xumuruuf qorannoo kana bifa kanaan qabsiisee akkan raawwadhuuf fayyaafi nagaa kan naaf kennee WAAQAYYOON guddaa guddaan galateffadha.

Itti aansuun qorannoo kana haala qulqullina qabuu fi mijataa ta'een akkan geggeessee xumuruuf jalqabaa kaasee hanga xumuratti nuffii tokko malee gargaarsaa fi gorsa ogummaa kan naaf taasisan gorsaa koo Barsiisaa Lataa Fayisaa galanni koo daanga hin qabu.

Akkasumas barnoota koo akkan milkaa'uuf gama hundaan gargaarsa kan naaf godhan haadha koo Goobanee Irranaa, abbaa koo Tasfaa Rufee fi obboloota koo hangafaa dhiiraaf dubaraa galanni koo galaana ta'ee isiniif haa dhangala'u.Keessumaayyu oboleessa koo Gammachiis Tasfaa fageenyi kan isa hin daangessine yeroon qorannoo kana geggeesse waraqaa qoranno ko kompuuteraan kan naaf barreesse galata gudaan siif qaba; naaf jiraadhu!.

# AXAREERA

*Qorannoon kun kaayyoo isaa inni ijoon asoosama Hiree Jal'atte jedhu keessatti caacculee asoosamaa jiran keessaa yoomessaafi waldhabbii maal akka fakkaatu qaaccessuu irratti xiyyeeffata.Qaaccessa godhamu kana keessattis wantonni ka'an;akaaku yoomessa asoosama kana keessatti argaman tarreessufi akaakuwwan waldhabbii asoosama kanaa keessatti argaman tarreessuufi walitti hidhaminsa yoomessaafi waldhabbii faayidaa maali akka qabu ifoomsuu fa'i.Qorannoo kana rawwachuuf malli qorannoo itti dhimma bahe mala qorannoo akkamtaati.Maddi ragaa qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaa yoo ta'u,isaanis kitaaba asoosama Hiree Jal'atteefi barruulee addaa addaa sakattaa'uudhani.Qorannoon kun qaaccessa keessatti kutaa lamaan dhiyaate.kutaan kunis qaaccessa yoomessaafi waldhabbii asoosama Hiree Jal'atte isa jedhu yammuu ta'u,boqonnaa lammaffaa keessatti yaaxinni haayyota adda addaa eeramera.Yaadota kana bu'uura godhachuudhaan boqonnaan sadii xiinxalameera.Argannoon qorannoo kanaa ergaan asoosama Hiree Jal'tte keessa jiru irra caala yoomessaafi waldhabbii irratti bu'uuree kan jiru ta'uun hubatameera.kana malees barreessaan asoosamichaa yoomessifi wal dhabbiin addunyaa dhugaa akka ibsan dhimma itti ba'eera.*

# Baafata

QABIYYEE FUULA

GALATA ........................................ I

AXAREERA ........................................ II

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................ 1

1.1. Ariirrata Qorannoo ........................................ 1

1.2. Ka'umsa Qorannoo ........................................ 2

1.3. Kaayyoo Qorannoo ........................................ 3

1.3.1Kaayyoo Gooroo ........................................ 3

1.3.2Kaayyoo Gooree ........................................ 3

1.4 Barbaachisummaa Qorannoo ........................................ 3

1.5. Daangaa Qorannoo ........................................ 3

1.6. Hanqina Qorannoo ........................................ 4

1.7. Malleen Qorannoo ........................................ 4

1.7.1 Akaakuu Qorannoo ........................................ 4

1.7.2. Mala Iddattoo fi Iddatteessu ........................................ 5

1.7.3. Madda Ragaalee ........................................ 5

1.7.4. Mala Funaansa Ragaalee ........................................ 5

1.7.5 Mala Qaaccessa Ragaalee ........................................ 5

1.8. Qindeeffama Qorannoo ........................................ 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........................................ 7

2.1 .Sakattaa Barruu Wal fakkii ........................................ 7

2.2. Maalummaa Ogabaruu ........................................ 7

2.3. Asoosama ........................................ 8

2.4. Caacculee Asoosamaa ........ 9
2.5. Yoomessa ........ 9
2.6. Haalota Yoomessi Ittiin Mul'atan ........ 10
2.6.1. Yeroo Seenaan Itti Raawwate ........ 10
2.6.1. Bakka seenaan Itti Raawwate ........ 10
2.6.3. Haala Jireenya Hawaasaa ........ 11
2.7. Wal dhabbii ........ 11
2.8. Gosoota Waldhabbii ........ 11
2.8.1. Waldhabbii Qooddataan Sammuu isaa Waliin Taasisu ........ 12
2.8.2. Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa Gidduutti Uumamu ........ 12
2.8.3. Waldhabbii Qooddattoonni Humnoota Uumamaa Wajjin Taasisan ........ 12
2.8.4. Waldhabbii Qooddataan Uumaa Wajjin Taasisu ........ 12
2.8.5. Waldhabbii Hawaasaa Wajjin Taasisan ........ 13
2.8.6. Waldhabbii Qooddataan Tekinoloojii Wajjin Taasisu ........ 13
2.9. Sadarkaalee Waldhabbii ........ 13
2.10. Amaloota Waldhabbii ........ 15
2.10.1. Amanamummaa ........ 15
2.10.2. Tokkummaa ........ 15
2.10.3. Dagaagina ........ 15
2.11. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 15
BOQONNAA SADII: QAACCEESSAA FI HIIKA RAGAALE ........ 17
3.1. Yoomessa Asoosama HIiree Jal’atte Keessatti Argaman Qaacceessuu ........ 17
3.1.1. Yoomessa bakkaan wal qabatan ........ 18
3.1.2. Yoomessa yeroon wal qabatan ........ 19

3.1.3 Yoomessa haala jireenya hawaasaan wal qabatan ........ 21
3.2. Waldhabbii Asoosama Hiree Hal'atte Keessatti Argaman Xiinxaluu ........ 22
3.2.1. Waldhabbii Keessoo Asoosamichaatti Mul'ate ........ 23
3.2.1.1. Waldhabbii Xiinsammuu fi Qooddataa ........ 23
3.2.2.2. Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa ........ 27
3.3. Walqabatinsa Yoomessa fi Waldhabbii ........ 29
3.3.1 Yoomessa Bakkaa fi Waldhabbii Qoodattotaa ........ 30
3.3.2 Yoomessa Yeroo fi Qooddattotaa ........ 32
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAAADA FURMAATAA ........ 34
4.1.Cuunfaa ........ 34
4.2. Argannoo ........ 34
4.3. Yaada Furmaataa ........ 35
Wabiilee ........ 36

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannoo

Dhalli namaa jiruuf jireenya isaa keessatti mudannoowwan adda addaa keessa darbuun akka jiraatu ni beekama. Kana jechuun kanneen akka gaddaa, gammachuu, jaalachuu, jibbuu, dhabuufi kanneen kana fakkaatan isa mudatu. Mudannoowwan kanneen kan ittiin ibsatu keessaa tokko og-barruu dha. Yaada kana ilaalchisee zariihuun (1992:142) akka jedhutti " ogbarruun kan ilmi namaa mudannoo isaa ittiin ibsatu, aadaa isaa ittiin calaqisiisuu, kalaqa afaanii yookaan kalaqa barreffamaa ti" jechuun ibsee jira. Yaada kanarraa kan hubannu, dhalli namaa mudannoo jiruuf jireenya isaa keessatti isa mudatu kan ittiin ibsatu og-barruu akka ta'e ibsa.

Ogbarruu bakka gurguddaa lamatti qooduu ni dandeenya. Isaanis; ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afoolaati. Yaada kana ilaalchisee Asaffaan (2009) akka jedhutti "ogabarrun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamoodhaan yaada barbaadee afaaniinis ta'e barreeffamaan miidhaksee mi'eessee, kan dabarsu dha" jechuun ibsee jira. Yaada kanarraa kan hubatamu, dhalli namaa dandeetti kalaqa sammuu isaa irratti hundaa'uun jechoota filatamoo ta'aniin barreeffamaafi afaaniin dabarsuu dha. Kana jechuun ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afoolaatti dhimma bahuun ergaa waliif kan dabarsu ta'uu isaa ti.

Ogbarruun barreeffamaa bakka gurguddaa sadiitti qoodama. IsaanisAsoosama, walaloo fi diraamaa dha. Asoosamni gooroowwan ogbarruu jiran keessaa isa tokko dha. Yaada kana Asaffaa Tafarraa(2009:36) wabeeffachuun yommuu ibsu "goorowwan ogbarruu keessaa asoosamni diraamaafi walaloon isaan gurguddoo dha. Yaadni kun ogbarruun goorowwan gurguddoo sadii akka qabu ibsee jira.Goorowwan ogbarruu kana keessaa asoosamni isa tokko yommuu ta'u innis caaccuulee garaagaraa kan akka jaargochaa, waldhabbii, yoomessaa, ergaa fi kan kana fakkaatan of keessaa qaba. Kunis yoomeessaafi waldhabbiin caacculee asoosama keessaa tokko akka ta'e kan nutti agarsiisuu dha. Yaaduma kana irratti hundaa'uun caacculee armaan olii keessaa yoomessaafi waldhabbiin asoosama **HIREE JAL'ATTEE** jedhu irratti xiyyeeffatee kan qaacceessu dha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannoo

Ogbarruun oromoo sadarkaa ogbarruu biraatiin walbira qabamee yoo ilaalame guddatee kan mul’ate miti. Akka inni hin guddanneef wantoonni duubatti harkisan dhiibbaan mootoota biyyattii baay’ee hamaa waan tureefi dha. Yaada kana ilaachisee seenaan ogbarruu oromoo sirna garbummaa jaarraa 19ffaa keessaa itiyoophiyaa keessatti baballatee fudhannee ilaaluu dandeenya. Jaarraa kana keessa sababii daldala garbaan kutaalee biyyattii garaagaraa keessaa dargaggoonni heddduun ukkaamfamuudhaan fudhatamaa turan. Keessumattu, oromiyaa keessaa dargaggoonni baay’een qabamanii gurguraman. Kunniin akkuma meeshaa gara biyyoota Awurooppaa fi Arabaatti geeffamaa turani.

Namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessa darbuun ogbarruu oromootiif gumaacha guddaa taasisaniiru. Rakoon kun namoota hedduu irratti gama ogbarruutiin miidhaa geessisus namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessa osoo jiranii, ogbarruuwwan keessaa asoosamoota muraasa barreessuu danda’aniiru. Ta’us kanneen barreeffamaan irratti qorannoon bal’inaan geggeeffamee hin jiru. Kunis rakkoo addaati.

Qorannoowwan hedduun kitaabilee asoosamaa heedduu irratti hojjeetamanii jiru. Kitaabota asoosamaa jiran keessaa kan qorannoon irratti hin gaggeeffamne jedhee yaaduu sakatta’ee fudhachuun gama tokkoon ogbarruu oromoof bu’aa ni buusa jedhee kaniin filadhe kitaaba asoosama hiree jal’atte jedhu irratti yoomeessa fi waldhabbii achi keessatti mul’atan xiinxaluu dha.

Sababiin mata aduree kanaaf kitaaba kana filadheef hanga ammaatti yoommessaafi waldhabbii asoosama hiree jal’atte jedhu irratti qorannoon hin gaggeeffamne waan ta;eefi dha. Qorannoon kunis, caacculee asoosamaa keessa yoomeessaa fi waldhabbi asoosama hiree jal’attee jedhu keessatti argaman qaacceessuun qaawwa gama kanaan mullatu guutuuf kan na kakaasee dha.

Walumagalatti, qorattuun kun gaaffilee armaan gadittii ka’an akka ijootti qabaachuun qorannoo kan gaggeesite dha.

- ✓ Yoomesssi asoosama Hiree Jal’atte keessatti argaman haala kamiin ibsamu?
- ✓ Waldhabbbin asoosama Hiree Jal’atte keessatti akkamiin mul’atu?
- ✓ Walqabatiinsi Yoomessaa fi Waldhabbi asoosama kanaa akkamiin mul’atu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannoo

### 1.3.1Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa yoomeessatti waldhabbii asoosamaa”hiree jal’attee “ jedhu keessatti argaman qaacceessuu dha.

### 1.3.2Kaayyoo Gooree

- ✓ Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa:-
- ✓ Yoomesssa asoosama Hiree Jal’atte keessatti argaman qaacccessuu.
- ✓ Waldhabbii asoosama Hiree Jal’atte keessatti argaman xiinxaluu.
- ✓ Walqabatinsa yoomessaa fi waldhabbii asoosama kanaa ibsuu.

### 1.4 Barbaachisummaa Qorannoo

Qorannooon kun namooota qorannnoo kana fakkaatu barbaadaniif akka wabiitti yookan maddaatti ni gargaara. Akkasumas namoota asoosama barreessaniif haala asoosamni ittiin barreeffamu bakka yookaan haala asoosamni ittiin barreeffamu, akkamitti miidhagee ergaa barbaade akka dabarsutti yeroo sanaa fi haala isaa wal simsiisanii akka barreessaniif muuxannoo namaa ni dabala.

Kana malees, argannoon qorannoo kanaa irraa argamus faayidaalee kanaa gadii qabaachuu ni danda’a. Faayidaa yoomeessii fi waldhabbiin asoosama keessatti qabu ibsuu danda’a. maalummaa yoomeessaafi waldhabbii caaccuulee asoosamaa kanneen biro irraa adda baasanii beekuuf ni tajaajila.

### 1.5. Daangaa Qorannoo

Ogbarruun yaadrimee bal’aa of keessaa kan qabu fi gooroowwan hedduu kan of keessaa qabu dha. Haa ta’u malee qorannoon kun gooroowwan ogbarruu keessaa asoosama irratti kan daanga’e yommuu ta’u asoosamni immoo gosoota adda addaatu jiru.Isaanis asoosama dheeraaf

asoosama gabaabaa dha. Qorannoon kunis, gosoota asoosamaa keessaa asoosama dheeraa irratti daanga'a. Akkasumas asoosamni dheeraan caacculee hedduu of keessaa qaba. Qorannoon kun immoo caacculee asoosamaa keessaa yoomeessaafi waldhabbii irratti kan daangeffame dha.

Walumaagalatti qorannoon kun yoomeessaafi waldhabbii asoosama "Hiree Jal'attee" jedhu irrratti kan daanggeffame dha.

### 1.6. Hanqina Qorannoo

Adeemsa qorannoo geggeessau keessatti hanqinaaleen garagaraa qorataa mudatu.Haaluma kanaan adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinonni qorattuu kana mudatan keessa tokko hanqina yerooti yeroon qorannoon kun geggeeffame yookaan hojjetame yeroo barnootaa keessa waan ta'eef gama kanaan hanqinichi qorattuu qorattuu kana mudachuu danda'eera.Haa ta'u malee qorattuun yeroo boqonnaa isheetti gargaaramtee rakkoo kana keessa darbiteetti.Hanqinni inni biraan ammoo haala ijaarama yoomessaa fi waldhabbii asoosamichaa wal xaxaa waan ta'eef daftee dubbistee hubachuuf yeroo itti fudhateera.Haalli guddina waldhabbii asoosamichaas sadarkaale waldhabbii hunda kan hin guunnee waan jiraniif,sadarkaa waldhabbii guutera jettee fudhachuuf rakkattetti.ta'us rakkicha dabarteetti.Hanqinni inni biraan immo hanqina meeshaalee barreeffamaa;kan akka koompuuteraa ishee mudateera.Haa ta'u malee namoota biroon gargaaramtee barreessiteett**i.**

### 1.7. Malleen Qorannoo

Qorannoon kun kan inni irratti adeemsifame yoomeessaafi waldhabbii asoosama Hiree Jal'attee keessatti argaman sakatta'uun dhiyeessuu irratti dha.

Qorannoon adeemsifamu kun boca qorannoo keessaa qorannoo sakatta'aa galme yookaan document analysis kan wal qabatu yommuu ta'u malli qorannoo kanaa gaggeessuuf dhimma ittiin ba'ame mala qorannoo akkamtaati.

#### 1.7.1 Akaakuu Qorannoo

Akaakuun qorannoo kanaa gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo qulqulleeffataatti kan fayyadamuu dha. Qorannoon kunis   qorannoo ibsituu ta'ee kan dhiyaatudha. Qorannoon tokko

yommuu gaggeeffamu wanta yookaan qama irratti gaggeeffamu qaba. Kanaafuu qorannoon kunis kan adeemsifamu kitaabota ogbarruu afaan oromoo keessa asoosama Hiree Jal'atte jedhu irrattidha cacculee asoosamaa keessa immoo yoomessaa fi waldhabbii irratti kan gaggeffamudha.

### 1.7.2. Mala Iddattoo fi Iddatteessu

Iddattoon qorannoo kanaa kitaaba asoosamaa Hir'ee Jal'atteti. wantota qorannoon sun irratti gaggeffame kan bakka bu'edha. Malli iddatteessu qorannoo kanaa immoo mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkaayootti dhimma ba'uti. Sababni isaa qorattuun kun asoosamicha keessaa bakka odeffannoon qorannichaaf barbaachisan argachuun danda'amutti yaadame kan filatameedha.

### 1.7.3. Madda Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuuf maddootni ragaalee tokkoffaa fi lammaffaa dhimma irraa oolaniiru. Akka madda raga tokkoffaatti kan qorattuun fudhatte kitaaba asoosama hiree jal'atte kan jedhu yoo ta'u, akka madda raga lammaffaatti immoo sakatta'a barruuti.

### 1.7.4. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana geeggeessuf malli ragaan ittin sassabamu sanada sakatta'uu yookaan mirkaneffannaa qopheffachuun dubbisa yaadannoo qabaachuudhaan raga funannachuuf kan qophaa'edha.

### 1.7.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuf qorattuun qorannoo kanaa kitaaba asoosama Hiree Jal'attee irraa deebitee dubbisuun yoomessaa fi waldhabbii seenaan asoosamichaa keessatti rawwataman akkaataa tartiiba kaayyoo qabatameetin akkasumas haala duraa duubaan yoomeessaa fi waldhabbii asoosamichaatiin haala ifa ta'een qaccessuti.

## 1.8. Qindeeffama Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodamuun dhiyaata. Boqonnaan tokkoffaan seensa qorannoo ti. Isaan kessaattis qabxiilee bu'uura qorannoo kanatu dhiyaata. Boqonnaan lammaffaan ammo sakatta'a barruuti. Isaan keessaas, yaaxinaalee fi yaadirimeewwan maata duree kanaan wal qabatuun tuqama. Boqonnaan sadaffaan xiinxala raagaati. Isaa keessattis raagaaleen funaanaman xiinxallee yaadrimeewwwan sakatta'a barruu keessatti ka'aniin xiinxalamuun agarsiifamu. Boqonnaan afraffaan cuunfaadha. Isa keessatti bu'aa qorannoon kun irra gahetu gabaabinaan dhiyaata. Dhumarrattis wabiin ragaalee as keessatti tuqamaniin ni eerama .

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1 .SAKATTA’A BARRUU WAL FAKKII

### 2.2. Maalummaa Ogabaruu

Ogbarruun ogummaa waa uumuu ta’ee kan muuxannoo jiruuf jireenyaa haqa irratti bu’uuressinuf akka namaaf galuu danda’utti miidhagsinee kan ittiin ibsinu dha. Fedhesa(22013) akka ibsutti “oromoon hawwaasa afoo

laawaa dha” jedha. Kunis, jiruuf jireenya isaa ogbarruun dabarsaa dhufe jechuu dha. Kana jechuun immoo oromoon ogbarruu hin qabu jechuu miti. Yaadni isaa akka biraa barreeffamee hin jiru jechuu dha malee.

Fedhesa(2013) akka ibsutti “ ogbarruu qabaachuun dirqama barreeffamaa waliin wal hin qabatu. Sababni isaa amma dandeettii kalaqaa mullisuutti afoolli ogbarruu dha” Jedhee ibsa. Kana jechuun immoo afoollis ogbarruu keessatti hammatama jechuu dha. Asaffaa(2009) “ogbarruun kalaqa sammuu namaa ta’ee jechoota filatamoodhaan yaada barbaadeen afaaninis ta’e barreeffamaan mi’eessee dhalootaaf dabarsa.” jedha. Kana jechuun immo waan barreeffamus, wan afaaniin himamus ni dabalata jechuu dha. Kanaafuu, ogbarruun oromoo afoola afaaniifi barreeffamaa ni hammata jechuu dha.

Ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee ogummaafi dandeettii aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruuf jireenya hawwaasa gadda, gammachuu hawwaasa keessa jiru kan ittiin hawwaasaaf dhiyyeeffamu dha.Misgaanu(2012) yaada kana yoo ibsu “ogbarruun bu’aa bayii hawwaasni tokko keessa darbee galmeessee kaa’a” jedha.

Ogbarruun gosa garaagaraa qaba. Bifa ittiin dhiyaatan irratti hundaa’uun ogbarruun bakka gurguddoo lamatti qoodama. Isaanis, ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afoolaa ti.Ogbarruun barreeffamaa waraqaa irratti bifa barreeffamaan dhiyaata. Ogbarruun afoolaa immoo himama afaanin dhalootaa dhalootatti kan darbu dha.

Fedhesa(2013) ogbarruun faayidaa guddaa hawwaasaaf qaba. Kunis, safuu hawwaasaa, eenyummaa jaalala hawwaasaa tokkoo eeguuf barsiisuuf shoora guddaa qaba. Asaffaa(2009) akka ibsetti “ogbarruun bu’aabayii jiruuf jireenya hawwaasni tokko keessa darbee fi keessa darbaa jiru galmeessee kaa’uudhaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsu dha” jedha

Ogbarruun barreffamaa kan barreeffaman dhaloota dhalotatti darbu ta’ee gosoota barreeffamaa kanneen akka asoosama, walaloo fi doyii (diraama) of keessatti kan hammatudha. Akkasumas asoosammni gosa ogbarruu barreeffamaa keessa tokko kan ta’ee fi ogbarruu barreeffamaa jalatti kan hammatamudha.

Yaada kana ilaalcchisee Beekaan Gulummaa Irranaa (2013:8) yoo ibsu “ilmi namaa barreeffama osoo of ibsuu hin eegalin dura ogafaan, afoola yookiin fakkii fi bocaan yaada isaa ibsachaa ture . ogafaan dameele adda addaa kanneen akka makmaksaa, oduu durii ,sheekoo, geerarsaa fi kan kan fakkaatan kan qabu yoo ta’u, ogbarruun immoo dameele kanneen akka asoosama,walaloofi doyii (diraama) of keessatti hammata.

Yaada kana irraa kan hubatamu ogbarru barreeffama kan dhalli namaa barreffaman ergaa walii dabarsuun fi dameele kanneen akka asoosamaa ogwalaloo, fi diraama of jalatti hammatu ta’uusaa kan nu hubachiisu dha. Akkasumas ogbarruun barreeffamaa gosa ogbarruu akka ta’e nutti mullisa.

### 2.3. Asoosama

Asoosamni akaakuu ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta’ee seeneffama Sababaafi bu’aa bu’uureffatee tartiiba ta’iinsootaafi raawwiilee garagaraa kanneen akka namfakkiilee, yoomeessa, waldhabbii, qooddattootaan, gochi ijaaramaa kan qindaawaa deemuu dha.

Asoosama jechuun wanta tokko osoo hin taanee waan ta’uu danda’uu waan dhugaa fakkaatuu jechuu dha. Addunyaa akka waan harkatti qabatani namatti fakkeessa. warra hin beekne wajjin akka boo’aan, gammadan, gaddan, rakkataniifi dhiphatan nama taasisa. Jechoota salphaatti fayyadamee waan barreeffamuuf dubbisuun isa nama hawwachiisa.

Kana malees, asoosamni yaada dubbisaafi barreessaa walitti fiduun qofaa osoo hin taanee, namoonni yaada isaaniitiin akka burqisiisan isaan godha.

Yaada kana ilaalchisee Meryer(1997:11-12) irratti akka ibsetti dhugumaan dubbisaafi barreessaan hojii kalaqa tokko uumuu yaada kanarraa waanti hubatamu hojiin dubbisaafi barreessaa inni guddaan waan tokko bifa haaraan yookaan kalaqa qabuun kalquun kaa'uu dha. Asoosama bakka lamatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya. Isaanis; asoosama dheeraafi gabaabaa dha.

Asoosamni dheeraan dame ogbarruu keessaa tokko ta'ee bu'aafi bayii jiruuf jireenya dhala namaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti haala qabatamaa ta'een kan ibsu dha. Yaada kana Wasaneen(2008) akka ibsutti "asoosamni dheeraan gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee dhalootaa hanga du'aatti haalli jiruuf jireenya hawwaasaa kan keessatti mul'atu dha." Jedha.

Asoosamni gabaabaan immoo dame ogbarruu ammayyaa ta'ee dhimmoota hawwaasaa keessatti raawwataniifi raawwatamuus danda'an barreessaan kalaqamee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramu dha. Asoosamni kun ergaa qeenxee irratti kan xiyyeeffatu fi seenaan isaas yeroo murtaa'ee fi bakka murtaa'ee keessatti kan raawwatu dha.

### 2.4. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosamaa tokkoof utubaa ta'uun akka asoosamichi humna cimaafi tokkummaa qabatee gara fuulduraatti deemuu kan taasisu dha. Caacculeen asoosamaa lubbuu asoosamaati jechuu dha. Caacculeen asoosamaa kunis; jaargocha, namfakkii, waldhabbii, ergaafii yoomeessa jechuun qoodamu. Qorannoo kana keessatti immoo yoomeessaafi wadhabbii isaa qaacceessina.

### 2.5. Yoomessa

Yoomeessi yeroo, bakka fi haala hawwaasummaa seenaan tokko keessatti raawwate kan agarsiisu dha. Kana jechuun immoo gochi raawwatame tokko yeroo akkamii akka raawwate bara, ji'a, guyyaa, ganamaagfi galgala jechuun kan ibsani dha.

Misgaanuu(2012) akka ibsutti "seenaan asoosama tokkoo eessatti akka dalagameefi qooddattoonni keessatti argaman eessa akka jiraatan yookaan seenaan isaani eessatti akka jalqabaniifi eessatti akka xumuraman kan agarsiisuu yoomeessa" jedhee ibsa.

Asoosamni tokko qaama isaa ijaaree wanta of danda'aa isa godhu qabaachuun dirqama. Sababiin isaa akka inni of danda'ee beekamuuf immoo caacculee asoosamaa jiran hundi ni barbaachisu. Ijaarsa qaama asoosama tokkootiif yoomeessi isa bu'uuraati.

Sababni isaammoo asoosama kana keessatti seenaan raawwate yoom, eessatti fi haala kam keessatti akka raawwate ibsuuf yoomeessi asoosama tokkoof faayidaa guddaa

### 2.6. Haalota Yoomessi Ittiin Mul'atan

Haalota yoomeessi ittiin mul'atan fedhasaa wabeeffachuudhaan Malaakine(2006) akka ibsutti "yoomeessi yeroo, bakka fi haala ta'insi keessatti raawwatame agarsiisa" jedha. As keessatti wantoonni sadii murteessoo dha. Isaanis: yeroo, bakka, fi haala hawwaasummaa kanneen sadan irratti hundoofnee yoomeessa asoosamaa tokko baruun salphaadha.

#### 2.6.1. Yeroo Seenaan Itti Raawwate

Yeroo seenaan itti raawwate kallattiifi alkallattii jennee qoodna. Yaada kana Fedhesaan(2013) akka ibsutti "kallattii seenaan tokko yeroo ibsamu ganama, galgala, halkan, guyyaa, bakka akkasii jechuun ibsama" jedha. "alkallattiin yommuu ibsamu immoo taatee yeroo sana ta'e yookaan raawwate maqaa dhawuun ibsuu dha" jedheetu ibsa.

#### 2.6.1. Bakka seenaan Itti Raawwate

Bakka seenaan suni itti raawwateen kan wal qabatu dha. Yaada kana Fedhesaan(2013) akka ibsutti "haala teessuma lafaafi haala qilleensa naannoo fa'iin kan ibsamu" jedha.

### 2.6.3. Haala Jireenya Hawaasaa

Yoomeessi hawwaasaan ni mul'ata. Yaada kana Fedhesaan(2013) akka ibsutti " haala hawwaasa yeroo asoosamichi itti barreeffamee hawwasni gadda, gammachuu, hacuucama, bilisooma, sorressaafi hiyyeessa jedhee haala yeroo sanaa kan ibsu dha"jedha.

## 2.7. Waldhabbii

Jireenya addunyaa kanaa keessatti ilmi namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphina, hacuucamaafi rakkina adda addaa isa quunnamuu danda'aIsaan kanneen moo'achuuf namni sammuu isaa waliin, uumama waliin, namoota waliin akkuma waldhabuu, waldhabbiin asoosama keessattis qooddattoonnis ofii isaaniitiin yommuu wal dhaban uumama waliin yommuu wal dhaban argina. Isaan kanatu, waldhabbii jedhama.

Haaluma kana fakkaatuun Malakine(1995:63) waldhabbi yoo ibsu " conflict is a clash of action idea desires or will" jedha. Yaada kana irraa Kan hubannuu walitti bu'insa gochootaa, yaadaafi fedhii namootaa gidduutti uumamu jechuu dha.

Akkuma qaamni namaa wantoota garaagaraa irraa ijaaramee, asoosamnis caacculee isaa guuttatee kan ijaaramu dha. kanaaf, ijaarsa asoosama tokkootiif waldhabbiin isaa bu'uura ta'eefii lafee dugda asoosama tokkoo ti. Faayidaa waldhabbii keessa tokko seenaa asoosamichaa akka itti fufu taasisa. Waldhabbiin yoo hin jirremmoo seenaan asoosamichaa bakkuma jirutti dhaabbatee hafa jechuu dha. kitaabni world book enc, of Britain volume 23(1994:230) akka eerutti " the reader interest may be captured at the out of set by the promise of conflict" jedha.Yaada kanarraa akka hubatamutti fedhiin dubbistootaa kan qabamu yaada waldhabbii seenaan asoosama tokko keessatti qabuun akka ta'e nu hubachiisa.

## 2.8. Gosoota Waldhabbii

Asoosama dheeraas ta'e asoosama gabaabaa keessatti gosoonnii waldhabbii garagaraa ni mul'atu. Qoqqoddi wal dhabbii ilaalchisee, hayyonni garagaraa waldhabbii iddoo adda addatti qoodaniru fakeenyaaf, Zarihuun (1992: 147) irratti waldhabbii iddoo afuritti qoodee jira .Isaanis: waldhabbii qoddataa fi qoddataa, waldhabbii qooddataa fi mataa isaa, waldhabbii qoddata fi

uumaa fi waldhabbii qooddataan hawaasa waliin taasisu jechuun qooda. Akka yaanni weebsaayitii HTTP/WWW conflict type jedhu ibsutti waldhabbiin bakka shanitti qoodama, isaanis akka armaan gaditti qoodamee jira.

### 2.8.1. Waldhabbii Qooddataan Sammuu isaa Waliin Taasisu

Waldhabbiin kun karaa biraatiin waldhabbii keessaa jedhamuun waamama,waldhabbiin kun kan uumamu yommuu qooddataan sammuu isaa wajjin mormii uumudha. Mormiin isaa kunis wantoota sammuu namaa dhiphiisaan, kaayyoo fi fedhii irraa kan maddudha. Yaaduma kanaa ilaalchisee Melakneh (2008:207) "internal conflict is a conflict which is take place between two contending forces in the mind of the hero" jedha. Yaada kanarra kan hubannu, waldhabbiin keessaa walitti bu'insa yaadota faallaa lama kan sammuu qooddotaa keessatti argaman giddutti rawwatamu akka ta'edha

### 2.8.2. Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa Gidduutti Uumamu

Wal dhabbiin qooddataa fi qooddataa gidduutti uumamu sababa amantaan fedhii adda addaatiin kaayyoodhaan, ilaalchaan, garaagarummaa qaban irraa kan ka'e walitti bu'insi ni uumama. Cuddoon (1999:188) irratti wal dhabbii qooddataafi qooddataa gidduu jiru yoo ibsu "conflict that occour between  character are depend on their wish and different objective they have " jedha. Yaanni kun akka mul'isutti waldhabbiin qoddatoota giddutti uumamu kan irratti hundaa'u hawwii fi kaayyoo garagaraa isaan qabatanii ka'an irrattidha.

### 2.8.3. Waldhabbii Qooddattoonni Humnoota Uumamaa Wajjin Taasisan

Namoonni jiraachuf jecha, qalbiin waan yaade biraa ga'uuf uumama waliin waldhaansoo ni umaa. Fakkenyaaf, ilmi namaa muka bosonaa ciree qotachuf jecha qaamota mukaa adda addaa walin waldhabbii ni uuma. Waldhabbiin akkanaa yeroo baay'ee namfakkaatotan hin to'atamu.

### 2.8.4. Waldhabbii Qooddataan Uumaa Wajjin Taasisu

Waldhabbiin kunimmoo waldhabbii qooddataa fi waaqa gidduutti taasifamuudha.kunimmo fakkeenyaaf nama tokko dhalli isaa jalaa du'u rabbitu natti balleesse jechuun yookiin imm**o** waaqni na qabeera jechuun yeroo dubbatu waldhabbii uumaa isaa faana taasisa. fakkeenyaaf:

Namni tokko yeroo dhalli isa jala du'u rabbitu ajjeese jechuun rabbiin abaaruu isaa rabbiin duukaa walitti buusa.kan biraan immo caamsituun tokko rooba yeroo isaa eeggatee roobaa jiru anatu danda'a jechuun yeroo isheen caamsuuf yaaltu waaqa duuka walitti ishee busa.

### 2.8.5. Waldhabbii Hawaasaa Wajjin Taasisan

Waldhabbiin kun kan uumamu namni tokko yookiin gareen tokko aadaa,duudhaa,safuu fi haala jiru fi jireenya hawaasichaa waliin walitti bu'udhan amantaa, falaasama, ilaalcha fi sirna ittin bulmaata hawaasa fudhachuu dhabuun nama tokko yookiin gareen namoota hawaasichaa giddutti waldhabbiin ni umama. Cassidy (1991;705) akka ibsutti "waldhabbiin hawaasaa fi qooddattota giddutti yommuu namni tokko duudhaa garee hawaasa tokko kuffisuuf hawaasichi immoo harka kennachuu diduun yeroo walfalman jechuudha" jedha. Yaanni cunfaa hayyuu kanaa,yommuu qooddataan tokko ejjennoo safuu hawaasa waliin hin deemne qabatee yoo ka'u hawaasichi immoo balaleffachuun waldhabbii uumaa jechuudha.

### 2.8.6. Waldhabbii Qooddataan Tekinoloojii Wajjin Taasisu

Gosti waldhabbii kana kan uumamu qooddattoonni asoosama keessatti argaman wantoota teekinooloojiin walqabatanii wajjiin walitti bu'iinsa taasisanidha. Qooddattoonni asoosamaa waan haaraa argachuuf teekinooloojii itti garagaramuu, haa ta'u malee yeroo tokko tokko maashinoonni adda addaa kanneen isaan itti gargaraman yaada isaan karoorfatan jalaa fashaleessa, yeroo kana immoo waldhabbiituu uumama.

## 2.9. Sadarkaalee Waldhabbii

Waldhabbii asoosama tokko keessatti umaman sadarkaalee hedduu keessaa kan darbanidha. Kunis gochoonni adda addaa taatootan walitti hidhaman yommuu uumamanii fi rawwataman sadarkaalee garagaraa keessa darbuu isaanii kan nuti agarsiisudha. Sadarkaaleen waldhabbii kunneen jedhamanis olka'insa, finiina, ce'umsa seenaa, gadi bu'insa bantiimiiraa fi furmaata jedhamuun beekamu.

**Ka’umsa**: ka’umsi seenaa durduubee ijaarsa gochaa asoosama sanaa ibsa. Ka’umsa gochaa kana keessatti wantoota asoosama keessatti raawwataniifis muraasa ta’ee dubbistootaaf odeeffannoo kenna. Akkasumas bakka waldhabbii qooddattoota gidduutti uumamuu jalqabu dha.

**Finiina:** kutaan kun asoosama keessattii yommuu taatotni yookaan qooddattootni hammaatee of keessatti sadarkaa olaanaa irra gahee kan agarsiisu dha. Kana malees taatonni adda addaa seenaffamani tokko akka guddatu fi walxaxu kan taasisuudha. Akkasumas bakka itti waldhabbii ka’e sun gara cimutti yookiin fiiniinutti kan deemudha.waldhabbiin ittuu hundee jabeffachuun walfalmii atatamaatu taasifama. Qalbii dubbistootaas wan qabe gadi dhiisuu dhabuun gocha fulduratti ta’u baruu finiinsu eegala.

**Ce’umsa**: kutaan asoosama kanaa bakka waldhabbiin ka’e sun cimee bakka itti fakkaatti keessaa tokko bu’aaa itti argatuu fi fakkaatti biraan darbee deemuu hin dandeenyedha. Bakka itti seenaan iddoo tokko iddoo tokkotti ce’umsaa agarsiisudha. Akkasumas bakka itti humnoonni mormii tokko isa biro irratti olaantummaa argatudha.

**Gadi bu’insa:**Taatonni haala ce’umsa seena waldhabbii hordofee dhufudhan kan mul’atudha. Gadi bu’insi baay’ee gabaabaadha. Sadarkaa  kanatti immoo dubbii duraan ture qabbanaa’ee akka xumuramuuf yookiin gara furmaataatti deemuuf kan sigigaatu dha. Waldhabbiin kunis kutaa kana keessattii gadi bu’aa kan deemuu dha. Akkasumas xiyyeeffannoo isaa yaada irratti waldhabbii cimaa turee gara furmaataatti luucceessuuf yookaan wal dhabbii gara fuulduraatti geessuuf kan saffisuu dha.

**Furmaata**: gochoonni jalqabaa kaasanii walxaxaa, sigigaataa dhufan kutaa hunda keessa darbanii bakka kanatti hiikamuu. seenaan xumuramuu karaa lamaan raawwachuu danda’a.innis gammachiisaa yookaan gaddisiisaa ta’uu danda’a. iji gammachuu yookaan gaddaa kunis kan ilaalamuu gama hayyuu dureetiin kan ta’e dha. Dubbistoonni garuu osoo gaarummaa isaatti ta’uun seenichi xumuramee jaallatu. Walumaagalatti kutaan kun waldhabbii jalqabaa ka’ee hidhaa dhufe iddoo itti furmaata argatu dha.

### 2.10. Amaloota Waldhabbii

Waldhabbiin amala mataa isaa kan bu’aa qabeessa isa taasisu qaba. Isaanis, maddi interneetii yookaan weebsaayitii http/www.jedhamu akka ibsutti amanamummaa tokkummaa fi dagaagina fa'a.

#### 2.10.1. Amanamummaa

Amanamummaan haala dhiyeenya dhugummaa qooddattoota ta’ee waliin dubbii yookaan dubbiin yaadaan dhiyaatu qabatamaa ta’uu qaba. Garu, guutummaa guututti dhugaa ta’uu qaba osoo hin taane dhugaa irratti hundaa’uu uumamuu ta’uu qaba.

#### 2.10.2. Tokkummaa

Yaada kana irraa kan hubatamu jechuun adeemsi waldhabbii uumame kun kan wal hordofaa deemuu jechu dha. Akkasumas tokkummaa ogbarruu keessatti yaadotiin asoosamicha keessatti jalqabaa hanga dhumaatti ka’an qindoomina kan agarsiisan ta’uu qabu.

Kana jechuun waldhabbiiwwan uumaman kan yaadaan isaan walgadhiisan yookaan walirraa goraa adeemu ta’uu hin qabu.

#### 2.10.3. Dagaagina

Waldhabbiin asoosamaa tokko kan inni dagaageera jedhamu yeroo qooddataan asoosamichaa bu’aa qabeessa ta’ee argatu dha. Akkasumas waldhabbii uumaman keessatti humnootni wal morman sun ciminni isaanii walgituun hanga dhumaatti yeroo deemuu jechuu dha.

### 2.11. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Sakatta’a barruu wal fakii irra deddeebii iraa bilisa ta’uuf kan barraa’uu dha. Qorannoo kana keessatti sakatta’a barruu walfakii mul’ate hin jiru. Kallattiidhaan qaaccessa yoomeessaafi waldhabbii asoosamaa kan biraa irratti hojjetamee hin jiru. Garuummoo kan yoomeessa, waldhabbii, ergaa, ergaafi waldhabbii  isaanii irratti hojjetamee ni jira. Qorannoon firiiwwan asoosama baay’ee irratti hundaa’uun kan qaaccefaman jiru. Haa ta’u malee qorannoon qaacceessa yoomeessa fi waldhabbii asoosama afaan oromoo jiran irratti hojjetamee hin argine.

Sakatta'a barruu wal fakkii barruu walfakkii qorannoo digirii tokkoffaa baachileerii aartii gamisaan guuttachuuf dhiyaate mata dureen isaa "xiinxala waldhabbii fi ergaa asoosamaa 'Miilla Hin Shokoksine" jedhu kan bara 2003/2011 irratti waancaa yohaannis gaggeefame qorannoo kanaan gama tokkoon kan wal fakkaatu dha.

Barruuwwan qorannoo wal fakkeenyaa gabaabaatti yoo ibsinu qorannoo gaggeessaa jirruuf waancaa yohaannis gaggeessiteen wal fakkeenyi isaa, Qorannoo digirii tokkoffaaa ta'uu, Muummee afaan oromoott igaggeeffamuu isaa, Firiiwwan asoosama keessaa ammo waldhabbii kan qacceessu ta'uu isaati.

Qorannoo ani gaggeessuuf qorannoon waancaa yohaannis gaggeessite garaagarummaa ni qaba kunis, waancaan xiinxala waldhabbiifi ergaa asoosamaa " miilla hin sokoksine" irratti gaggeessite. Animmoo, qaacceessa yoomeessaafi waldhabbii asoosamaa "Hiree Jal'attee" jedhu irratti kanin gaggeesse dha. Akkasumas waancaan qorannoo ishee bara 2011/2019 irratti kan gaggeessite dha. Qorannoon kun immoo bara 2013/2021 kan gaggeeffame dha.

Walumaa galatti garaagarummaan qorannoo kana qofa osoo hin taane waan baayeetu mul'ata isaanis: Qabiyyee isaaniitiin garaagarummaa ni qaba

Qorannoo kana keessaa ergaa qaacceessuun hin jiru garuu qorannoon waancaa keessatti ni qaacceeffama.

Qorannoon kun yoomeessa ballinaan qaacceessa qorannoo waancaa keessatti waa'een yoomeessa hin kaafamu warren kun garaagarummaa guddaa qorannoo kana lamaan keessatti uumeera.

# BOQONNAA SADII: QAACCEESSAA FI HIIKA RAGAALE

Asoosamni hiree jal'atte kan jedhamu kan caacculee garaagaraa of keessaa qabu dha. Isaanis; kanneen akka wal dhabbii, yoomeessaa, nam-fakkii yookaan qooddataa, ergaafi sabseenaa yookaan jaargocha fa'a ta'a. Caacculee kanneen keessaa yoomeessii fi waldhabbiin tokko yommuu ta'an kunis gosoota gargaagaraaf faayidaa garaagaraa seenaa asoosamichaaf kennu dha.

Jaargochi caacculee asoosama keessatti kan hammatamu ta'ee, akkaataa gochoonni seenaa asoosama tokkoo walduraa duubaan qinda'anii bifa miidhagina qabuun ittiin ijaaraman kan ibsu dha. Sabseennii kutaa garaagaraa qaba. Isaanis ka'umsa, finiinaa fi xumura .

Ka'umsa booddee, seenaan guddina agarsiisaa deemu olka'insa gochaa yommuu jedhamu iddoo seenaan itti raawwatamu immoo sigiga jedhama. Haaluma kanaan asoosama kana keessatti kutaaleen sabseeenaa sadan ka'umsa, finiinaafi xumurri mul'ataniiru. Kunneenis, seenaan asoosamicha jalqabaa hanga xumuraatti akka ifoomuu godheera. Kanaaf, odeeffannoowwan armaan olitti tuqaman mata dureewwan boqonnaa itti aananii dhufan keessatti kan qaacceessamuufi hiikamu dha.

### 3.1. Yoomessa Asoosama Hiree Jal''atte Keessatti Argaman Qaacceessuu

Yoomeessi bakka, yeroo, fi haala jireenya hawwaasaan mul'achuu danda'a. bakki gochi tokko raawwate, yeroo gochi keessatti raawwateefi haala hawwaasa gochi tokko keessatti raawwate yoomeessi agarsiisuu danda'a.

Walumaagalatti asoosamni hiree jal'atte jedhu kana keessatti caacculeen asoosama hedduu mul; atanii jiru. Haa ta'u malee qorannoon kun yoomeessa asoosamicha keessaa

fudhachuudhaanergaa isaan dabarsan haala gadiitti kenname kanaan boqonna kam keessatti hiikuun qacceessee akka ifa ta'u godhee jira.

### 3.1.1. Yoomessa bakkaan wal qabatan

Yoomeessi kun kan ini mul'atu bakka yookaan iddoo ta'iin tokko itti ta'e yookaan seenaan itti raawwate ibsuuf kan mul'isu dha. Yaada kanas kitaabicha keessaa yoo fudhannu!

> *Obbo dayyaasaan naannoo tulluu kanaatti dhalatanii guddatani, gidduu gala oromiyaa(tuulama bahaa) gidduu fantaallee (matahaaraa) fi magaala Adaama boosat jedhamuun beekamtutti dhalatee guddate. Tulluun kun beekamaafi ulfeeffamaa dha. Hawwaasni naannichaa boosat karra toorba jennaan lafaa ol ka'anii dhaabbatu. Obbo dayyaasaanis, akkuma hawwaasa keessatti dhalatee loon tiksaafi laga hawwaas obaasuu dhaan ijollummaa isaa kan dabarse…(fuula 19)*

Yaada olii kanaan kan hubannu yoomeessi olii kun yoomeessa bakkaan mul'ate dha. Yoomeessichis bakka dhaloota.

Namfakkii asoosama kana keessatti argamu ibsuun kan eegale dha. Kanas yoo ibsu bakki dhaloota obbo dayyaasaa gidduu gala oromiyaa keessaammoo tuulama bahaafi magaala adaamaa jechuun bakka dhaloota isaa ibseera. Irra caalaattimmoo magaalatti dhalachuun isafi magaalli kunis kan maqaan isaa adaama jedhamtu dha. Yaadni kun yoomeessaa bakkaa ta'ee bakka dayyaasaan itti dhalatee fi haala kam keessatti akka dhalate ibseera. Yaada kan biraa kitaaba kana keessaa yoo fudhannu.

> *Iddoo ulfoo fi kadhannaa oromoon ittiin beekamu keessaa tulluu malkaa isaa hangafaa ti. Kanneen keessaa tulluun saddeettan waaqayyoo jedhamuun naannoo tuulamaatti beekamani:- tulluu boosat, tulluu furii, tulluu cuqqaalaa, tulluu fo'ataa, tulluu galaan, tulluu eegduu, tulluu waatoo daalachaafi nalkaa mormor, harsadee, hara walaabuufi hara haadhoo…(fuula 19).*

Yaadni olii kun bakka oromon itti uumaa isaa kadhatu, isaan bekamoo ta'ani tarreessee jira. Oromoon tulluufi malkaatti ba'ee waggaatti si'a sadiif iosa ol kadhatu dha. Yaadni kun malkaan isa hangafaati. Haa jedhuyyuu mlaee malkaan oromoon ittiin kadhatu baay'ee dha. Maqaa garaagaraas qaba, bakki inni ittii argamus garaagari dha.

Akka yaada barreessaa kanaattii namni sababoota adda addaaf waaqa isaa akkuma kadhatu, bakka adda addaas deemee kadhachuu danda'a jedhee yaadee waan barreesee fakkaata. Yoomeessi kun yoomeessa abakkaan mul'ate kan jedhamuufii sababa inni bakka kadhaa oromoo haalaan ibsefi dha. Yaada kanas kitaabicha keessaa yoo fudhannuu.

> *Abdiin waanti isa yaaddeessuu barumsa isaa xumuree ofii isaa, haadha isaa fi saba isaa gargaaruu dha. Akkasumatti bara itti tolchetti barachaa yoo itti hammaatemmoo dhiisaa suutuma tiratee kutaa 12ffaa qormaata biyyaalleessaa fudhatee yuunivarsiitii haramayyaatti muummee sayinsii siyyaasaatti ramadamee…(fuula 60*)

Yaada olii kanarraa kan hubannu, abdiin barnoota isaa otooma addaan kukutuu tiratee qormaata fudhatee garage yuunivarsiiti haroomayyaa deeme. Gosa barnootaas filate, muummee saaynsii siyaasaattis ramadame. Yoomeessii kitaaba kanaa kessaa fudhatame kunis bakka abndiin itti barnoota isaa sadarkaa olaana itti barachaa jiru maqaa dhahuun adda baasee ibseera.

### 3.1.2. Yoomessa yeroon wal qabatan

Yoomeessi yeroon mul'atu yoom? Ji'a kam? Guyyaa kam? Kaanis, halkan moo guyyaafii ganama yookaan barii kan jedhu yoomeessa ibsu dha. Yoomeessi haala kanaan mul'atees kitaaba kana keessaa yoo ilaalluu.

> *Biiftuun ganama baatee lafa isa turtee yeroo ishee fixattee halkaniif iddoo gadi lakkisuuf sonsonaa suuta suutaan dukkanni iddoo dhuunfataa jira. Saawwan gara mooraatti waatiinis gara golaatti ol galanii bittimaanis cufameera. "maaloo yaa waaqa abbaan kumaa maal ta'ee! Rakko maaltu isa quunamee!" baay'ee yaaddoo keessa galtee jirti. Osooma garaan ishee nahuu daa'ima ofirra raffistee irbata qopheessitee eegaa jirti. (fuula 7).*

Yaada olii kanarra kan hubannu biiftuun guyyaa ifaa turtee booda ifa dhorkattee yeroo dukkanni bakka qabachaa jiru dha. Sawwaan guyyaa bakkee turanii, lafti dhiinaan gara mooraa gala akka jiranitu mul'ata. Egaa yoomeessi yeroo wal qabate yaada olii kana keessatti ibsamee jira. Yeroo isaa yeroo ifni hin jirre, halkan ta'uufi halkan keessaa immoo yeroo itti irbaati nyaatamu dha.

> *Kanaaf aadde qananiin irbaata qopheessitee abbaa kumaa waliin nyaachuuf yeroo isheen itti eegaa jirtu dha. Yaada kanas asoosamicha keessaa yoo fudhanne, ilmi isaa abbaan yoom dhufaa? Jechuun aadde qananii akka yaadakeessaa hin bane taasisaa jira. Ganama ganama warri olla isaani balbala duratti buna danfisan abbaan ilma isaa luka giddu godhatee yoo kolfan taphatan aadde qananeen " haa" jetti. Ilmi ishee mataa isaa susukuuma. (fuulaa…10)*

Yaada olii kanarra yoomeessi nuti agarruu yoomeessa yeroon ibsame dha. Yaada kanarraa kan hubannu yerichi ganama sa'aati itti bunni danfisamu ta'uutu mul'ata.

Kanaaf dhalli namaa immoo taatee inni barsiifate ganama buna dhuguu dha. Yanni kunis kana fayyadamee yoomessa yeroo haalan ibseera yaada kanas kitaabicha keessa yoo fudhanuu.

> *Lafa barii ganama barraqa sinbiri waljalaa fuudhani wacu, lafti bariitee ka'aa abdii haadha isaa biraan ga'aa jechaa waan jirtu fakkaatti. Abdiin imaanaa haadha isaa fudhatee qaamaafi qorqalbii guutuun mana bahee sanyii fi galma gahiinsa kayyoo tokko malee yeroo dhumaatiifi "Nagaatti yaa jiruu biyya lafaasii maqaan akkanatti gubdee guggubdee ofirraa nana galchita jedhee hirriba dhuma hin qabne rate??....(fuula 83)*

Yaada olii kanarra kan hubannu yeroo simbirri baay'inaan sagalee dhagesisan ganama bariidhan kanaan wal qabatee yaanni jiru abdii reetti isaa ganamaan akka haadha biraan gahemee yeroo akka awalamuf sinbirri sagalee dhagesisaa jiru hiriba dhuma hin qabne kan abdiin rafe immoo yeroo inni itti lubbuun isa keessa baate mul'isa. Kanaafuu yoomessi yeroon mul'atu yaada kana

keessatti bakka lamatti kaafamera. Tokko ganama ,bariifi barraaqaa yoo ta'u kaan ammo yerooitti hirriba dhuma hin qabnee rafedha.

### 3.1.3 Yoomessa haala jireenya hawaasaan wal qabatan

Yoomessi asoosama kanan keessatti haala jireenya hawaasaatiin ni mul'ata. Kan namfakkiilee asoosama tokko keessatti qooda fudhataan gahee akkamii qabu ni gammadumoo nigaddu? Kan jedhu yoomessa haala hawaasattin kan ibsamandha. Asoosama hiree jal'atte jedhu keessatti yoomessi haala jireenya hawaasan kan mul'ate namfakkii as keessatti hirmaatan gariin miira gaddaan kan argamanidha.Haala jireenya namfakkii asoosama kanaan keessatti hedduun kan gaddanii fi jireenyi kan itti hin tolle yoo ta'an illee yeroo tokko tokko immoo miira gammchuun kan mul'atanis jiru. Warroota gaddan irraa immoo gammachuun namfakkii kanneen irraa jechaanis ta'e gochaan kan hin mul'anedha namfakkiin asoosama kanaa heedduun jireenya gaddaa kan jirraniidha. Garummoo yeroon itti isaan gammadaniis ni jira yaada kana asoosamicha keessa yoo fudhannu;

> *Hiriyootni dayyaasa utuun addaan hin kutin qawwee dhukaasan,dayyaasanis itti dabalee waanumadirree lola jiran fakkaatu. Qalayiin rasaasaan waanuma waaqni gadi roobsee fakkaata.dachii hundarra guutee kun hundi gammachudhaaf warra wadaaja irra bule milkaayuu isaanitti baay'ee gammadanii isaan dhuguma qulqulluu dha! Kun waaqni isaan jaallachuu ibsa jedhee obbo bultum korbeessi hoolaa kuffisee qalee adda isaani dhiigaan dibee harkatti meelbicha hidheefi ….. (fuulaa…..37)*

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu maatiin dayyaasaa waahillan isaaf hawwaasni wadaaja irraa kadhataa bulan gaafa dayyaasaan dirree waraanaa irraa galu baay'ee gammadanii qawwee dhukaasuun gammachuu isaani ibsatanii akkasumas maatii isaanii keessaa abbaan dayyaasaa ilma isaa arguuttti waan gammadeef korbeessa hoolaa qalee dhiiga adda isaatti dibe. Meelbicha harkatti hidheefi kun immoo hawaasni suniifi maatiin sun haala jireenya gammachuu keessatti akka isaan argaman haalaan ibsee ka'ee jira. Yaada biraa kitaabicha kessaa yoo fudhanne,

> *Abbaaniifi haati kook an na guddistan abbaa maatii gaarii na gootaan ulfaaadhaa. Ijoollummaa koorraa kaasee hanga ammaatti waan isin mufachiisee yoo jiraatee naa dhiisaa, anis bakka dhugaa yoon deeme ijoollee koo kanaaf jedhee ti jedhee sagalee cicitaan. Wan hamaa mana keessa jiraniin jecha isaa isaan naasisee akka inni waan du'eetti boo'an, hunduu ni rifatani. Oliif gadi fiiganii hasaasa baatani gara butata fayyaa magaalaa olancitti geessan .....(fuula 52-52)*

Yaada olii kanarra wanti hubannu dayyaasatti dhukkubni yeroo hammatetti abbaa haadha isaa dhiifama gaafatee ijollee isaas isaanitti adaraa yoo kennatudha. Namoonni achi isaa biratti argaman jecyhi isaa kun isaan nasiisee gaddanii boo'aa, jalala isaaf qabaniif immoo du'a itti dhufe kana irraa baranuf oliif gadii kaatanii aduu saafa keessa baatanii karaa dheera deemani gara buutata fayyaa olanii itti geessan haala kanaan yaanni olii kun haawasni naasuu fi rifaatuu gudda keessa boo'aa, gadda akka jiru mul'isa. Kuni immoo haala jireenya hawasaa ibsee jira. Yaada kanas kitaabicha  keessaa yoo fudhannu.

> *Adde qananiin maallaqa geejjibaaf erguf asii fi achii fiigdus garuu mallaqa argachuu hin dandeenye. Qe'eerraa oliif gadii deemaa"ilmi koo alatti na jalaa hafuu isaati" jetti harka dhaba ishee ilaalte boo'aa gadda.utuu yaada keessa jirtuu halalatti nama gara ishee deemu argatee harka fuularra godhattee ilaalfatte" kun abdii kiyya maa fakkaata jetti…… (fuula 61)*

Yaada olii kanarra wanti hubannu addee qnanii sababa qarshii abdiidhaf ergitu dhabdeef ilmi koo alatti na duraa hafa jettee baay'ee gadda keessa galtee boo'aa jirti.gaddi ishee kun sababa qarshii dhabdeef dhaba ishee kanatti gadduu isheeti barreessichis namoonni yeroo of harka dhaban akka aaraniifi gaddan waan beekuf ittiin dubbistoota isaa barsiisuuf kan barreessedha. Haa ta'u malee haalli jireenya hawaasa yaada kanaa yoomessii kun yoomessa gaddaa keessa akka jiran ibsa.

### 3.2. Waldhabbii Asoosama Hiree Jal''atte Keessatti Argaman Xiinxaluu

Asoosama kana keessatti waldhabbiin akkataa garagaraati mul'ateera. Waldhabbileee asoosama keessatti mul'atan kunniin ammo akaakuwwaan waldhabbii gurguddaa lamatti qoodamanii kan ilaalamani dha. Akaakuuwwan waldhabbii keessaas wal dhabbii keessaa waldhabbiin alaa jennee

bakka lamatti hiruun ni danda'ama.waldhabbii lamaan kunis akkaataa armaan gadiitiin ibsamaniiru.

### 3.2.1. Waldhabbii Keessoo Asoosamichaatti Mul'ate

Waldhabbii keessoo seenaa asoosamichaa keessatti mul'atee waldhabbii namaafi xiinsammuu ti. Waldhabbiin kunis akkaataa itti aanutti ilaalla.

#### 3.2.1.1. Waldhabbii Xiinsammuu fi Qooddataa

Waldhabbiin xiinsammuu akaakuu waldhabbii keessoo keessaa isa tokko yeroo ta'u, namni ofii isaatiin gaabbee, aaree, dubbatee, gungumee, of arrabsee, of jibbee kan oofamuu isaatiin ofitti dubbatu of keessaa baasu dha. Waldhabbiin akka kanaa kunis asoosama kaan keessatti akka armaan gadiitti argameera.

Asoosama kana keessatti yeroo qooddataan ofuma isaatiin waldhabutti argama. Haati kumaa ilmi ishee hangafa kumaan akkuma maqaa isaa amala kumaa qaba. Haadhaafi abbaa isaatti dhimma hin qabu. Rakkina isaanii keessatti isaan gargaaru. Yeroo abbaan isa dhukkubsate sireettillee galee jiru jedhamee ati abbaa kooti jedhee gaafatee hin beeku. Yaada kanas asoosama kana keessatti yoo fudhannu dha.

> *Haati isaa gamtokkoon tasa sireerratti hafuu dayyaasaa baay'ee ishee gaddisiisaa jira. Ilmi ishee hangafaas dhibee dabalataa itti ta'e. kun dhuguma gadameessa keessa ba'ee? Mucaan kun koo miti laataa? Jette of gaafatti yoo falli ishee dhbu… (fuula 55)*

Yaada olii kanarraa wanti hubatamu haati kumaa dhala ishee hangafaa kumaatti yeroo isheen gadditee utuu isatti hin baasiin ofuma ishettin waldhabdee gaaffi ofiif yeroo isheen dhihessitu agarra. Kumaan akka isheen itti yaaddu osoo hin taane akka fedha ofii isatitti jiraachaa jira. Haadha isaa rakko ishee keessatti hin gargaaru. Yaada kanarra wanti hubatamu yeroo dhalli ofii

nama irraa gortu fi haati immoo gadameessa koo keessa ba’ee akkamitti na jibba jette waan ilmo ishee jaalattuf sammu isheetiin waldhabdee yeroo isheen dhipattu nutty agarsiisa kanaaf yadni kun kan qooddatan sammuu isaan waldhabu mul’isa. Yaada kanas kitaabicha keessa yoo fudhannu.

Abdiin barnoota addaan kutee ture erga itti deebi’es warroonni ganama ba’aaf gala abdiif hin qabne ammas galgalaaf ganama ba’aaf gala abdii hordofaa jiru.

Qaamni nageenyaas akka inni hin baranneef kiyyoo isaas qopheessanii yoom arganna jedhanii itti hammummatu yaada kana asoosama kana keessa yoo fudhannu.

> *Abdiin utuu hin jaalatin barumsa addaan kutuu murteffate. Giddutti imimmaan haadha isaa ija dura dhufee itti dheekkame?? Akkamitti imaanaa haadha keetiif galte diigda yanni jedhu sammuu isaa jeeqaa jira. Abdiin waadaa haadhaaf gale galmaan gahuf yaalus qaamni biraa kichutti kutuuf halkaniif guyyaa kiyyoo xaxaa jiru.……(fuula 67)*

Yaada olii kanarra wanti hubatamu abdiin warra ilaalcha dogoggoraa isaaf qabaniifi qaama nageenyaa isa qabani hidhuuf jedhan dheessuuf yeroo inni itti barnoota isaa addaan kutuuf karoorsee, gaaffiin imaanaa haadha keetiif galte maaf digda jedhu sammuu isaa keessatti ka’u deebisee wanta karoorse sana yeroonni dhiisu agarra. Yaada olii kanarra wanti hubatamu waada haadha ofiif galaniif jecha rakkoo fi gidirama hanaa keessa jiraatanii waadaa haadha ofii bakkatti eeguuf mul’ata. Yaadani kun keessumayyuu namoota waada namaaf galaniif barumsa guddaadha. Gosti waldhabbii kunis waldhabbii kunis waldhabbii qoddataan sammuu isaan waldhabu ta’uu isaati.

Walumagalatti waldhabbii keessoo, kan nama  fi xinsammuu asoosama kana keessatti sirritti kan mul’ate yeroo ta’u fakkeenya muraasa qorannoon kun akka madda ragaatti heerun ibses akka armaan olitti fudhatamuun xiinxalame ibsameera.walii gala xiinxala kana keessattis waldhabbii

keessoo kan namaafi xiinsammuu yookaan kan namni ofiisaati wajjin waldhabuu mul'achuu raagaan dhiyyeeffamee agarsiifameera.

### 3.2.2.Wal dhabbii Alaa Asoosama Kana Keessatti Mul'ate.

Gosti waldhabbii ala akaakuu waldhabbii asoosama hiree jal'attee kessatti mul'atan keessa isa tokko dha. Waldhabbiin alaa gosoota waldhabbii gargaaraa kan of jalatti hammatu yeroo ta'u, akaakuun kunis akaakuuwwan waldhabbii kanneen akka namaafi uumaa, namafi nama, namaafi tekinooloojii, namaafi uumamaa of keessatti kan hammatu dha. waldhabbiileen kanneen maqaa dhahaman kanas seenaan asoosamichaa keessatti argaman fakkeenya muraasa fudhachuu akka armaan gadiitti agarsiifameera.

#### 3.2.2.1 Waldhabbii  Qooddataaa fiUumaa

Waldhabbiin qooddataafii uumaa jechuun waldhabbii namni waaqa wajjin yookaan waan itti amanan tokko faana tasifamuu dha. Si'a baay'ee waldhabbiin akkanaa bifa aariin, gaabbiin, yeroo waanti yaadame hojjetan tokko milkaahuu dadhabutti kan raawwatamu dha.

Waldhabbiin akka kanaas seenaa asoosama hiree jal'attee keessatti bakka akkaana akamiitti mul'ate kan jeduhu fakkeenya akka armaan gadiitti fakkeenya waliin haa ilaallu.

Ka'umsi waldhabbii kan aadde qananii mucaashee abdiin mana barumsaan deema jedhee erga manaa bahee as itti hin deebine. Kun immoo aadde qananiitti mucaa ishee abdiin mana barumsaan deema jedhee erga mana bahee as itti hin deebine. Kun immoo addee qananitti yaaddoo guddan ta'e ,dabalatanis dhukkubni ishetti hammattee sireetti ol deebistee jirti. Maarree abdiin isheen argaa hawwitu mana hidhaa ma'akalawwitti hidhamee jira. Dabalataanis qananitti

qofummaan baay'ee ishee rakkiseera yeroo kun yeroo itti haati dhala ishee yaaddeewaaqa komattudha.Yaada kanas asoosama kana keessa yoo fudhannu.

> *Yoo bellofte akkuma taate taatii bakka ciistu kaatee waan golaa qabdu ibiddarraa gootee qoonqoon gadfudhachuu didus akkasmatti liqimsitee sireetti ol deebiti. Yeroo tokko tokko kan waaqa sodaatu itti goree mana qulqulleessee ,buna danfiseefii biraa gala. Aaddee qanananiin gaaf tokko tokko uumamuu isheetti gaddisti. Maaliif gadadoo kanatti na uumte yaa uumaa koo jettee waaqa akka komachuu gooti… (fuula 75)*

Waldhabbi kanaa olitti ibsame kana keessatti aadde qananiin rakkina wal guuree itti jige kana ilaaltee dhalachuu ishettiyyuu ni gadditi, ni abaarti, sababiin isheen dhalachuu isheetti gadditees dhala otoo qabduu of biraa dhabdee, nama ishee gargaaruu dhabde, waanti hundi akka isheen yaaddu waan ta'uufii dideef waqaan waldhabdi. Kan rakkoo kanatti na uumeeisa jettee waan yaaddeefii dha. Akka yaadaa barreessaa asoosama kanaatti, namni gaafa waan karoorsee bira ga'uu dadahabuufi rakkinni itti heddummatu maaliifin dhaladhe? Jedhee waaqa isaa komata. Kun ammo addunyaa dhugaa keessatti yeroo mara ni mul'ata. Jedhee yaadeeti. Waldhabbiin kun kan qooddattonni uumaa isaanii waliin wal dhaban ta'u mullisa yaada kanas akka aanutti ilaalla.

Qe'ee obbo dayyaasaa duraan waanti mooraa isaanii keessa dhibe hin jiru. Kuduraafi muduraaoyruu isaani magarsanisaan irraa darbee nama biraatifillee oola. Kennuu malee kadhachuu hin beekan erga obbo dayyaasaan waraana deeme jireenyi faallaa taatee. Kanaaf aadde qananii maaliif jettee waaqaa komatti. Kanas asoosama kana keessa yoo fudhanne;

> *Qe'een obbo dayyaasaa haadiyoomtee jirti. Haati kumaa daalachooftee akka nama umriin isaa dulloomee kophumatti bu'aa ba'ii jireenyaa caccabsee jira. Balabala manaa dura teessee yaa carraa koo jettee yaa waaqa maa na uumtee? Na qortaa? Maaliin sitti balleesse? Jetti. Hamma human isheetiin waaqa komatti…. (fuula 56)*

Yaada olii kana wanti hubannu haati kumaa bifti dhaloota ishee jijjiiramee umurii malee caccabdee jirti. Sababni isaa abbaan manaa isheefi ilmi ishee waan biraa hin jirreef namni qe'ee isaanii akka durii misoomsu hin jiru kanaaf jetti qofummaa itti dhaga'amee akka waan

waaqni qofaatti ishee hambiseetti waaqa wajjin yeroo isheen waldhabdu agarra. Akka yaada barreessaa asoosama kanaatti namoonni yeroo tokko jireenyii tolee yeroo tokkommo itti badu akka waan waaqni isaanii jalaa balleessetti ilaalanii waaqa komatanii jira jedhee yaadeeti. Gosti waldhabddii kana waldhabbii qooddataafi uumaa ta'ee jira.

### 3.2.2.2. Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa

Akaakuun waldhabbii qooddataafi qooddattaa waldhabbii asoosamicha keessatti haala guddaan irra deddeebiin bakkoota garaagaratti mullate dha. Waldhabbiin kunis waldhabbii goobaan galeessa asoosamicha fi masaanuu gidduutti ta'e dha. Akkasumas immoo waldhabbii qooddataafi qooddataa kan qooddattoota kan biro gidduuttillee uumamee ni dabalata. Isaan kana keessaa fakkenyoota muaasa fudhachuun akka armaan gadiitti ilaalleerra.

Waldhabbii kanaaf ka'umsa kan ta'u kumaan yeroo abbaan isaa human dhabee dhukkufatee jirutti abba isaa gargaaruu diduu fi deemee gaafachuu diduusaa akakkayyuu isaa itti aaranii yeroo isaankumaa arrabsan agarra.

Yaada kanas asoosamicha keessaa yoo fudhannu;

> *Abbaan isaa dhukkubsatee sireetti erga galee kan walii kutee ka'uu qananii fi haadhaaf abbaa isaa ti. Kumaan yerooma tokko tokko namni maal naan jedhaaf dhaqee haala abbaan isaa keessa jiru ilaala. Ibiddi daaraa dhalcha makmaaksi jedhamu kumaaf waan mammakame fakkaata. Akaakkayyuun isaa akka itti baatee guddise yoo yaadatu baay'ee itti aara gad deebii nama jedhee arrabsa…. (fuula 55)*

Akka yaada asirra mullatutti abbaan kumaa dhukkubsatee jira. Silaa yeroo abbaan isaa dhukkubsatu immoo ofittuu nama gargaara ture. Garuu, kumaan namni maal naan jedhaaf abbaasaa gafata malee jaalala biraa hin qabu. Sababa kanaaf akakayyuun isaa immoo ibiddi daaraa dhalcha jedhee itti makaame,kun immoo tuffii kumaaf qabu agarsiisa. Daaraan faayidaa

hin qabu waan ta’eef yaada biraan as keessaa tokko immoo yeroo itti akakayyuun isaa gad deebii namaa jedhee isa arrabsu agarra. Waldhabbiin kun yeroo qooddataafi qoddataa n kaayyoo garaagaraa galmaan ga’uuf jecha waldhabantu mullata. Wal dhabbii qooddataafi qooddataa kan biraas akka armaan gadiitti haa ilaallu:

Asoosama kana keessatti abdiin yakka tokko malee sababa tokko malee waan oromoo ta’eef yeroo baay’ee dararaa fi reebicha hamaatu irra ga’aa ture keessumaayyuu mana hidhaa galchanii halkaniifi guyyaa otoo yakka hin hojjetiin yakka hojjedheera jedhii amani jedhanii ni reebu. Ni doorsisu. Reebichi hamaan kan irraa rakoo fayyaafi isa saxilee jira. Sababa kanaaf abdiin gara mana yaalaa moora mana hidhaa keessa jiru geeffameyaada kanasasoosamicha keessaa yoo fudhannu,

> *Abdii dhaaf doktoraa utuu hin taanee warra dhibee isaa itti dabalutu ittijijirame. Qoricha otoo hin ta’iin arraabsoo fi dadarbaa kennufi jalqabani doktorichi abditti ergame balbala gadi cufate kiisii issa keessa birqatti tokko ol fuudhee lilmoon keessaa guluukoosii abditti hidhamee jirutti naqee nama isa eegu ol seensisee deeme. Qaamni abdii bifa keelloo godhattee bobokokuu eegale. Abdiinis akka hin fayyine jala muree amane…. (fuula 82)*

Yaada seenaa asoosamicha keessaa fudhatame kana yoo ilaalluuu doktorri mana yaalaa keessa jiru abdii yaaluu dhufee garuu isa dhiiisee arrabsoofi qoricha abdii ajjeesu yeroo inni itti giluukoosii abdiif hidhamee naqee deemuu dha. Kunimmoo yeroo namonni ilaalcha siyaasaa qabaniif jecha lubbuu namaa balleessani dha. Kanaafu, waldhabbiin kun yeroo qooddataan kaayoo isaa galmaan ga’uuf qooddataa biraa irratti tarkaanfii fudhatatutu mul’ata. Kanaaf, waldhabbii kun waldhabbii qooddataafi qooddataa gidduutti adeemsifamee dha. Haaluma kanaan waldhabbii gosa kanas akka armaan gadiitti ilaalleerra.

Waldhabbiin qooddataafi qooddataa inni tokko immoo mana hidhaa qilinxoo keessatti hidhamtoota oromoo fi saba biro walitti buusuuf ajandaa qopheefatanii yeroo dabballoonni mootummaa shira xaxantu jira.sababni isaan kana godhaniifi immo yoo sabni tokko saba biraan irratti ka'e sirni isaanii umurii dheereffata. Kanaaf hidhamtoota sabaan oromoo ta'aniif hidhamtoota sabummaa biraa qaban walitti duulchisan. Yaada kanas asoosama kana keessaa yoo fudhannu ;

> *Keessattuu mangudoo oromoo waggaa 75 baasani jilbenfachiisanii kashalabboota qindeeffatan manamummaa irra deemani oromoota mooraa alatti baasani, warra of qopheessaa jiran suuta suuta agarsiisan. Warri jilbeefachiisan gala mana keessanitti jedhanii asiimmoo kashlabboota oromootti gad lakkisan, warronni kun manatti hulaan itti cufameera, kashalabboota qindeessaniif haala mijeessaniifi jiru.*
>
> *Yeroo kana dhiigni ilmaan oromoo maqaa oromootiin yakkaman akka bishaanitti qilinxoo mooraa (zoonii) sadii keessaa lola'ee ………..(fuula 73)*

Yaad olii kana irraa waanti hubannu tuffii fi gad aantummaa sirnoonni darban ummata orommof qaban gabaabinaan hubanna. Otoo ilaalchi walqixxuummaa jiraatee manguddoon waggaa 75 hidhamuu hin qabu tureyyu. Garuu, sirnoonni kun yeroo bulchinsa isaanii dheereffachuuf jecha saboota garagaraa walirratti qindeessanii waldhabdee isaan gidduutti uumantu argama. Waldhabbiin yaada kanaa yeroo qooddattonni faayidaa dhuunfaa isaaniif jecha qooddataa biraa kaayyoofi karoora isaa karaatti kutuuf socho'ani dha. Kanaaf, Waldhabbiin kunis waldhabbii qooddatootaafi qoodataa gidduutti deemsifame dha.

### 3.3. Walqabatinsa Yoomessa fi Waldhabbii

Walitti hidhaminsi yoomeessaafi waldhabbii asoosama tokkoo baay'ee murteessaa dha. Asoosamni tokko caacculee gosa garaagaraa irraa ijaramun isaa dirqama. Isaanis maqaa adda addaa faayidaa garagaraaf oolu, lafee dugda asoosamaa ta'anii asoosama sani akka inni dhaabbatee dubbistootaatti mullatuf ni gargaaru. Caacculee asoosamaa keessammoo

yoomeessaafi waldhabbii asoosama hiree jal’atte kessatti akkamiin akka isaan mul’ataniifi eessatti akka mul’atan ilaalla. Waldhabbii caacculee asoosamaa keessa tokko kan ta’eefii asoosama tokko fuulduratti kan tarkaanfachiisu dha. Ijaarama sabseenaa isaatiif bu’aa guddaa buusa. Yoomeessis caacculee asoosamaa keessaa isa tokko ta’ee bakka, yeroofi haala seenaan sun itti raawwate haala ifa ta’een kan mullisu dha. Haaluma kanaan asoosamni hire jal’attee yoomeessawwanii fi waldhabbiiwwan gosa garaagaraatti fayyadamuudhaan kayo isaa galmaan gahachuuf yaaleera. Haala kanaan asoosamichi qalbii dubbistootaa akka harkisu taasisuun barreeseera. Asoosama kana keessatti haalotni yoomessi itiin mul’ataniifi gosti waldhabbii jran irra caalaatti asoosama hiree jal’attee keessatti mul’atanii dha. Walitti hidhamnisi yoomeessaafi waldhabbii asoosamaa keessatti ibsa guddaa kenna. Waldhabbiin tokko yommuu uumamuu, yerootti uumamu bakka itti uumamu yaala keessatti uumamu ni qabaata. Kunimmoo kan mul’isu waldhabbiif yoomeessa kan walitti isaan hidhu waanti guddaan jira jechuu dha. Haaluma kanas walitti hidhaminsa isaa kitaaba kana keessa muraasa fudhannee ilaaluu yaalleerra.

### 3.3.1 Yoomessa Bakkaa fi Waldhabbii Qoodattotaa

Akkuma kana duraa ibsametti yoomeessi bakkaa bakka yookaan iddoo ta’iin tokkotti uumamee kan mul’isu yoo ta’u waldhabbiin qooddatootaa immoo namfakkiin asoosama tokko keessatti qoodaa fudhataan  yeroo isaan dhimma dhuunfaa isaaniif jecha wal walii isaaniitiin yoo wal dhaban jechuu dha. Haaluma kanaan walitti hidhaminsa isaani kitaaba kana keessatti ilalleerra.

Erga dirree waraanaatii galanii obbo dayyaasaan rasasni yeroo inni dirree waraana jiru seene sun ittuma hammaatee akka inni fayyee hin sochooneef dhiphisaa jira. Maatiin isaa muka qabanii gadi dhiisan wallalaniru dhibeen isas baay’ee isaan rakkiseera yaada kanas kitaabicha keessaa yoo fudhannu;

*Maatiin isaa baalchaa jedhani itti baasaan garuu gaafa manaa barumsaa galchuuf dhaqan maqaan kanaan akka barachuu hin dandeenyee itti himamee achirraanbaalchaan balaachoo ta'ee hafe. Sadarkaa dhukkubni obbo dayyaasaairra gahee erga hubatee baay'ee gaddee otoo hin beekiin aariidhaan maatii dayyaasaatti sagalee ol fuudhee hanga ammaa eessa turtan," jedhee itii iyyee, dayyaasaa fayyisuuf abdii guututtun wal'aanuu eegale, guluukoosii haaraa jijjireef…..(fuula 53)*

Yaada olii kanarraa kan hubannu yoomeessii bakka isaa mana yaalaa kutaa itti dhukkubsatan yaalaa fayyaa itti argatu yoo ta'u waldhabbiin qooddatoota immoo kan uumame maatii dayyaasaafi doktorii baalchaa giddutti dha. Yaadni kun waan dhibeen isaa hammaatee maatii daftanii hin fidne jedhee yeroo inni maatii isaatti iyye dha. Haa ta'u malee maatiin isaa qoricha aadaa barbaadaafi turan. Kunimmoo ogeessii fayyaa dhibamaadhaaf dhimma isaani mull'isa yaada kana fakkaatu itti daballee yoo fudhannu;

Mooraama mana hidhaa qilinxoo keessatti hidhamtoonni oromoo akka hidhaa mana tokkootti mirga hin qabann. Yoo dhukkubsatan hin yaalaman. Jarri warri dabballoonni mootummaa wayyaanees hidhamttoota oromoo ta'an qofaatti addaan baasanii isan dararu. Kunimmoo ilmaan oromoo mooricha keessa jiran isaan mufachiisee yaada kana yoo kitaabichaa kessa fudhannu;

Poolisoonni oromoo achi keessaa jiran. Jara waliin hojjetanis hin amanaman dhugumattu, guyyaa kana guutuu gumgumanii kaasan yookaan dhageesisuu yaalan jarris irratti bananii daftanii hidhannoo irraa hiikanii harka qullaa akka isaan dallaa eegan godhani.

*Gootonni oromoo ammas abdii hin murre dhumuun keenya dhumuu dha. Rasaasaan dhumuurra nyaata dhabne beelaan dhumu nuuf wayya yaada jedhu mooraa hundaaftti waliif labsanii torbee tokkoof lagatan…… (fuula 74)*

Yaada olii kanarra wanti nuti hubannu, yoomeessi bakka yaadaa kana keessaa kan mul;atu mooraa mana hidhaa keessatti dha.  Waldhabbiiin uuamamee immo poolisoota oromoo moorichaa keeessafi qaama mootummaa fi hidhamtoota oromoof qaama mootumma gidduutti dha. Kunis waldhabbiin qooddataafi qooddataa ti. Yaadni kun opoolisoonni dhiigaan oromoo

ta'an yeroo isaan hidhamtootni oromoo hacuuccan baay'ee irra ga'u dha.  Inaaffaan oromummaa itti dhaga'amee gumgumanii fi yeroo hidhamtoonni mirga isaanii kabachiifachuuf mormii kaasan mullisa.

### 3.3.2 Yoomessa Yeroo fi  Qooddattotaa

Yoomessii yeroo akkuma duratti ibsame ji'a guyyaa bara, halkan, guyyaa, ganama, galgala jechuun yoomeessa keessatti ta'e kan ibsu dha. Yaada akana fakkaatu kitaabaicha keessa yoo fudhannu

Abdiin waa'ee garbummaa uummata isaa baay'ee osa aarsa. Waraan adda bilisummaa oromo ABO itti makamuuf murteessee jira. Hiriyyoota isaa waliin yaadicha kitaabicha keessaa yo fudhannu;

> *Yeroon kun yeroo sirni mootummaa dargii kufee sirni mootummaa haara gad dhaabbachuuf kan isaan morme ajjeessa yoo fedhes ni hidha jirudha. Keessattu, qeerroowwan oromoo yeroo walgurmeessan dhaabaa uummatni fedhu adda bilisummaa oromoo ykn ABO waliin dhaabachuun sirna mootumichaatiin mormaa jirani dha. Hawwaasni oromoo xiqqaa guddaan dhiiraa, dubartii, jaarsaafi jaartiin hundi yeroo dammaqaa ol ka'e dha… (fuula 57)*

Yaanni olii kun yoomeessa yeroon ibsamee yeroon ibsame yeroo mullisu yero sirni mootummaa dargii kufe dha. Waldhabbiin uumame dargaggoota ilmaan oromoo maraafi sirna mootummaa aangoo qabachuuf jedhan itti makamuuf yeroo isaan gurmaa'anii sirni mootummaa wayyaanee immoo nutty dabalama malee jedhanii yeroo isaan dargaggoota ajjeessaniifi hidhani dha. Kun immoo mootummaan aangoo qabatee jiru abbaa hirrummaa isaatiin yeroo inni uummata dirqama akka isaan is adeeggaran yeroo inni sochii godhu mull'isa.

Walumaagalatti qorannoon kun kan kana keessatti qaacceessaafi hiika raagaalee qabatee kan jiru dha. Haalli qaacceessafii hiikaa raagaallee isaa yoomessa asoosama kaan keessatti mul'atanii

jran keessaa fudhachuun hiika kaa'ee kana males waldhabbiin asooosamich akeessatti mulk'atani jiran akaakuu isaani addaan baasuun xiinxalee kaayeera. Walitti hidhimaminsi yoomeessaafi waldhabbii asooosamichaa akkaataa dhiyyeenya isaaniitiin qacceesseera.

# BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAAADA FURMAATAA

Dhimmoonni kutaa kana jalatti dhiyaatan hojiwwan qorannoo kanaa jalqabaa kaasiini hanga dhumaatti jiran bu'ureffatu.

## 4.1.Cuunfaa

Qorannoon kun akka walii galaatti yoomessaa fi waldhabbii asoosama"Hiree Jal'atte"jedhu keessatti ilaaluu irratti kan geggeeffame ta'ee,qabxiilee heedduun gama yoomessaa fi waldhabbiin ilaalamuu danda'anis kaafamaniiru

Qabxiileen qorannoo kana keessatti kaafaman keessa seensi qorannichaa kutaa isa duraa keessatti kan argamudha.Akka seensa qorannichaatti ariirranni,ka'umsi qorannoo,kaayyoo qorannoo,barbaachisummaa qorannoo,daangaa qorannoo,hanqina qorannoo,malleen qorannoo,akaakuu qorannoo fi qindeeffamni qorannoo ibsamnii jiru.Itti aansuun odeeffannoowwan yoomessaa fi wal dhabbii ilaallatan gama sakatta'a barruu yaadrimee fi sakatta'a barruu wal fakkiin argaman ka'amaniiru.

Sakatta'a barruutti aansuudhaan qaaccessaa fi hiikni ragaalee ballinaan kaafameera.xiinxalli kutaa kana keessatti taasifames jalqabaa hanga xumuraatti fakkeenyotaan deggeramuudhaan kutaa kana keessatti yoomessi bakkaa,yoomessi yeroo fi yoomessi haala jireenya hawaasaa ragaa asoosamicha keessa jiru bu'ureffachuun qaacceffamaniiru.akkasumas waldhabbii qooddataaf qooddataa,waldhabbii qooddataaf uumaa,waldhabbi qooddataaf xinsammuu,ragaalee asoosamicha keessaa fudhateen xiinxalameera.Akkasumas walitti hidhaminsi yoomessaa fi waldhabbiis qaacceffamaniiru.Walumaa galatti qorannoon kun yoomessaa fi waldhabbii asoosama Hiree Jal'atte jedhu qaaccesseera.

## 4.2. Argannoo

Qorannoo kana keessatti jalqabaa hanga xumuratti qaacceffamee wanti bira gahame ni jiraata.Qorattuun qorannoo kanaa argannoowwan armaan gadii argachuu dandeessetti.

Barreessaan asoosamichaa haala argama yoomessaa akka hubatamutti kan hin keenye qorattun sakatta'ameera. Gosoonni yoomesaaa jiran hundi haala walxaxinsa qabuun bakkuma tokkotti argamuu isaani bira ga'ameera. Barreessaan asoosamichaa haala ijaarsa waldhabbii yeroo barreessu faffacaasee barreessuun isaa mul'agreera. Barreessaan asoosamichaa waldhabbiilee jiran hunda isaanii sadarkaalee waldhabbii shanan kanneen akka ka'umsa, olka'insa,finiina, sigiga fi xumura(furmaata)fa'a eeguu dhabuun isaa bira gahameera.Yoomessaa fi waldhabbii addunyaa dhugaa waliin wal bira qabuun barreessaa asoosamichaa kan barreesse ta'uun beekameera.

## 4.3. Yaada Furmaataa

Akka qorattuun qorannoo kanatti yaadni furmaataa:

Barreessaan asoosamaa fuulduraaf yeroo barreessu haalli yoomessi itti mul'atu dubbisaaf akka hubatamu gochuu qaba. Gosoonni yoomessa asoosamaa jiran adduma addaan baafamanii akka barraa'an gochuu. Barreessaan asoosamichaa sadarkaalee wal dhabbii shanan isaani fuulduraaf tartiibaan fooyyessee osoo barreesse gaaridha. Barreessaan asoosamaa fuulduraaf yeroo barreessu haala ijaarsa waldhabbii wal duraa duuba isaanii eegee barreessuu qabaq.kun yoo ta'e dubbistootaaf haalan hawwachuu danda'a. Barreessaan kun yoomessaa fi waldhabbii asoosamicha keessatti argaman haala addunyaa dhugaa ibsuu danda'aniin barreessee jira.Barreessitonni asoosama biroos haaluma kanaan barreessuu qabu.

# WABII

Asaffaa Tafarraa.(2009).*Eelaa.Seenaa Ogbarruu Oromoo Finfinnee*:Far-east trading PLC.

Beekaan Gulumma.(2011).*Yandoo Ogummaa fi Walaloo:*Finfinnee Oromiyaa.

*C*assidy.J.(1991*).Enjoying Litrature.*New York.MC.Garaw Hill.

Cuddon.J.A.(1999).*The Penguim Literary Dictionary of Litrature Terms and theory 3rd edition*:England

Fedhasaa Taddasaa.(2013).*SUBII:Bu'uraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee Oromiyaa:Subii pirinting press.

Malakneh Mangistu.(2006).*Fundamental of Litrature*.Fourth Edition.Addis Ababa.Addis Ababa university press.

Misgaanuu Gulummaa Irranaa.(2011).*Sanyii*.Finfinee.Finfinee pirinting press.

Tolaa Urjii Goobanna.(2018). *Asoosamaa hiree jal'atte*.Finfinnee, Oromiyaa.

Wasanee Bashaa.(2000).*Bu'uraalee Qorannoo:*Addis Ababa Boole.

Zarihuun Asfaw.(1992).*Ye sina tsuf masarawii:*Addis Ababa university.

...........................(1994).*World book Encyclopedia of Britain Vol.23*.United State of America.

**Waraqaa Mirkaneffannaa**

Ani qorattuun maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu ibsa.Hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ,ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa .

**Maqaa Qoratuu**;______________________________________________________

Mallattoo_______________________________

Guyyaa_________________________________

**Maqaa Gorsaa** ______________________________________________________

Mallattoo_________________________________

Guyyaa__________________________________